# Karaa warra isin dura turanii taakkuu taakkuun, dhundhuma dhundhumaan Rabbitti kakadhee hordofuuf teessan

Abuu Sa’iid Al-Khudrii irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jaalatu- akkana jedhan: «Karaa warra isin dura turanii taakkuu taakkuun, dhundhuma dhundhumaan Rabbitti kakadhee hordofuuf teessan, Osoo isaan boolla wakkallee keessa seenanillee isin isaan ni hordoftan» ni jenne: Yaa Ergamaa Rabbii! Yahuudaa fi Kiristaanaa isaan? isaanis ni jedhan: «Eenyu ree?»

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waan booda bara isaanitii haalli ummata isaanii tokko tokkoo irratti ta'u himan, kunis amantaa, gocha, aadaa fi duudhaa isaanii keessatti karaa Yahudootaa fi Kiristaanotaa hordofuudha, Hordoffii garmalee ta'e, taakkuu taakkuun, dhundhuma dhundhumaan, hanga yoo isaan boolla wakkallee seenanillee isaan kun isaan duuka isa seenanitti.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3355